# DHIMMA AKKAAN BARBAACHISOO KAN BAQATOOTAA FI WARROOTA KOOLUGALTUMMAA GAAFATAN HUNDAAF WAA'EE KORONAA VAAYIRASII IRRAA.
# (CORONAVIRUS - COVID-19)

Akkuma beeknu keenyaan seera mataa isii kan tumatte qabdi.Baqattoonnii fi worroonni koolugaltumaa gaafatanii keenyaa keessaa jiraatan kun iddoo baqattootaafi worroota koolugaltummaa gaafataniif murtaa'e ykn kaampii baqattummaan isaaniif kennameen alatti argamuun dhoorkaadha. Iddoo isaaniif murtaa'e kana ykn kaampiin ala bahuu yoo barbaadan dokumantii karaa ittiin deeman biiroo dhimma baqattootaa (RAS) irraa osoo hin deemin dura dhaqanii gaafachuu qabu.

Ji'a Bitootessaa gaafa guyyaa 15 ,Bara ,2020 mootummaan keenyaa tarkaanfii dhukkuba koronaa vaayirasii akka hin babal'anne ittisuuf baase. Akkasumas dhibeen kun akka hin faffacaane dhoorkuuf jecha mootummaan keenyaa dokumantiin karaan deeman kan biiroo dhimma baqattootaa irraa kennamu kan hin kennamne ta'uu Bitootessa 16,Bara, 2020 beeksisee jira.

Yoo ofii keetii deemtee naayiroobii ykn keenyaa keessa iddoo biraa ofumaa kee ofi qubsiiftee dokumantii seera qabeessa tokko malee kan argamtu taate qabamtee kan hidhamtu ta'uu kee beeki. Dhaabbanni baqattotaa ykn UNHCR'iin si gargaaruu kan hin dandeenye fi wantoota akka galmee fi gargaarsa baqataan kaampii keessatti argatu kamuu akka hin arganne beeki. Dokumantii seera qabeessa malee yoo kaampiin ala keenyaa keessatti argamtee qabamta ta'e gara iddoo baqattummaa kan kakumaa fi Dadaabittis kan hin deebifamne ta'uu kee beeki.

Kaampii kakumaas ta'ee kan Dadaab keessatti yoo rakkoon isin qunnamaa jiraate , Maaloo Bilbila Biiroo Dhimma Baqattootaa(RAS) FI Dhaabbata Baqattootaa (UNHCR) qunnamuun fala barbaadachuu dandeessu. Bilbilli Dhaabbata baqattootaa kan gargaarsaa -0800720063 kanaan bilbilaa.